
Dhugaa waa’ee Minnesota Department of Health

# Qorata Dhukkuba Sombaa (Mantoux)

Qoratni dhukkuba Sombaa (TB) kan gogaa qaamaa irratti geggeeffamu, inni yeroo tokko tokko “Mantoux” jedhamee waamamu, karaa salphaa miidhaa hin qabne kan dhukkuba sombaa dhokataa (TB) qabaatuu fi qabaatuu-dhabni kee itti beekkamuu dha.



## Dhukkuba TB dhokataa jechuun maali?


Dhukkubni sombaa (TB) sadarkaa lama qaba. Isaan sadarka lameeniituu dawaan (qorichaan) wal’aananii fayyisuun ni dandayama. Jarmiiwwan TB wayta duraatiif yoo qaama kee seenan, dhukkuba sombaa dhokataa nama qabsiisan. Sadarkaa kanatti yoo wal’aansi hin godhamin, dhukkubni dhokataan kun ifa bahee gara dhukkuba TB hamatti tarkaanfata. Dhukkubni TB hafuura qilleensaa tiin nama irra gara namaa-tti waan dabruuf jecha, akka laayyotti namayyuu qabuu dandaha.

| **Sadarkaa - 1<br>Dhukkuba sombaa dhokataa** | **Sadarkaa – 2<br>Dhukkuba sombaa mul’ataa** |
|---|---|
| Jarmiiwwan dhukkuba sombaa qaama kee keessatti riphanii dhokatan. Akkaataa kanaan yeroo dheeraaf - inumaa waggoota hedduufis turuu dandayan. | Jarmiiwwan dhukkuba sombaa hujii isaanii jalqabanii qaama keessa faca’aa jiru. Hidda qaamaa kee tii miidhuu iiratti bobba’an. |
| Nama dhukkubsate hin fakkaattu yookaanis dhukkubbiin sitti dhagahamus hin jiru. | Dhukkubsataa fakkaatuun kee ni mala. Dhukkubni sombaa nafa kee bakka kam akka si hubaa jiru, doktorri kee qormaata addaa tiin barbaada. |
| Dhukkuba sombaa kana nama biraa-tti dabarsuu hin dandeettu. | Jarmiiwwan dhukkuba soma erga somba kee keessa seenanii booda, qufa’uun, haxxifatuun, dubbatuun yookaan wallisuu dhaan wayta hafuurri sirraa bahu nama biraa-tti dhukkuba kana dabarsuu dandeetta. |
| Ji’a sagaliif dawaa tokkoon wal’aanuun ni dandayama. | Dawaalee 3 yookaan 4 fudhatuu dhaan yoo diqqaate ji’a 6-f wal’aanamta. |

## Dhukkuba sombaa dhokataa qabaatuu kiyya akkamitti beekuu dandaha?

Qormaatni TB kan gogaa qaamaa irratti geggeessamu (“Mantoux”) dhukkuba sombaa dhokataa qabaatuu kee mul’isuu dandaha. Nama dhukkubni sombaa qabe biratti yeroo haga tokkoo-fis yoo dhihaatte (dhukkubsatuu isaa beekuu dhabaan), dhukkubni sombaa dhokataan irraa si qaba.

Ogeeyyiiwwan si tajaajilan kanneen fayyaa, yaa’aa ittiin waaqoratan kan nama hin miine “tuberculin” kan jedhamu lilmee xiqqoo dhaan gogaa harkaa keessa galchu.



## Harki kee sitti fayyaa fakkaatus, ogeeyyiiwwan fayyaa kun erga qoricha ittiin qoratan san si diranii guyyaalee 2 yookaan 3 booda silaalu-tu IRRA JIRA.

Qoricha kanaan, bikka lilmee si diran sun yoo si orbobbaawe, akka dirmammuu fakkaatee ol-iitawa. Ogeeyyiiwwan si wal’aanan bakka orbobbaawe san dhundhumanii guddinna isaa ilaalu. Yoo dirmammaawe, torbanneen haga xiqqaa keessatti sirraa bada.

### Harka qormaata TB-tiif lilmee diradhe akkamittin kunuunsa (tajaajila)?

- Bakka san baandeejii yookaan pilaastaraan hin haguugin.
- Hin rigin yookaan hin hooqin.
- Bakki sun yoo si hooysifte, huccuu qabbanooftuu irra kaahi.
- Bakka orbobbaa san dhiqxee suuta goggogsuu-llee ni dandeetta.

The TB Skin Test (Mantoux) page 2 Oromo

# Qorata Dhukkuba Sombaa (Mantoux) – fuula 2

**Qoramtee ilaalamuu irraa hin sodaatin.
Dhukkuba sombaa irraa wal'aansaan fayyuun ni dandayama.**

### Qormaatni TB kan gogaa harkaa tiin laalamu yoo "negative" tahe hoo?

Bakki lilmee si diranii qoricha itti galchan sun yoo orbobbaa (iita) hin qabaatin yookaanis iita haga xiqqaa tokko qofa yoo qabaatte, qormaatni sun "negative" tahe jedhama. Kana jechuunis, qormaatni TB "negative" tahuun, dhukkuba sombaa kan hin qabne tahuu kee mul'isa jechuu dha.

Akkaataa tokko-tokko keessatti garuu, turte qormaatni TB kan gogaa nafaa tiin ilaalamu inni biraa si barbaachisuun ni mala.

### Qormaatni TB kan gogaa gubbaa yoo "positive" tahe hoo?

Bakki gogaa harkaa kan dawaan lilmee dhaan keessa galfame yoo orbobbaa akka dirmammuu qabaate, qoratni sun "positive" tahe jedhama. Kana jechuunis, jarmiiwwan TB nafa kee keessa jiraatuun mala jechuu dha. Namootni qormaatni TB kan gogaa qaama ilaaluu dhaan geggeeffamu "positive" itti tahe irra hedduun isaanii dhukkuba sombaa dhokataa kan qaban tahee argame. Akka gaaritti mirkaneeffachuu dhaaf garuu, doktorri kee qormaata barbaachisu gochuu dhaan, raajii (x-ray) qomaa si kaasa. TB sadarkaa lammataa isa hamaa san qabaatuu sirritti beekuu dhaaf, qormaatota biraa-tis si barbaachisuun ni mala.

**Fayyaa keetii fi kan maatii keetii tis eegi- qormaata TB kan gogaa nafaa tiin ilaaluun fudhatuu dhaan!** Qormaata jedhame kana fudhatuu dhaaf, doktora kee yookaan damee fayyaa ummataa qunnami.

### Qorata dhukkuba TB kan gogaa harkaa irraa ilaalamuu fudhachuu si barbaachisa:

- Nama dhukkubni TB hamaan qabe wajjiin wayta heddu kan wal-qunnamte yoo tahe,
- Biyya namootni bay'een dhukkuba TB tiin qabaman keessa kan jiraattu yookaan kanaan dura ka jiraatte yoo tahe,
- Bakki hojjattu yookaan jiraattu mana-tajaajila manguddootaa, mana-wal'aansaa, hospitaala, mana-hidhaa yookaan dahata namoota bakka-galan hin qabnee yoo tahe,
- Dhukkuba HIV yookaan rakkoodhan fayyaa kanneen biraa qabaatta yoo tahe.

### Tallaala BCG kanaan dura kan fudhadhe yoo tahe hoo?

Yoma tallaala BCG kanaan dura kan fudhatte tahes, qorata TB kan gogaa harkaa tiin ilaalamu fudhatu si barbaachisa.

- Namootni tallaala BCG fudhatanii turan, dhukkuba sombaa dhokataa fi mul'ataa dhaan qabamuun isaanii ni mala.
- Tallaalli BCG ijoollee umrii didiqqaa akka dhukkubni TB hin qabne irraa ittisa. Akkuma namootni umrii dhaan guddataa dhufanitti, humni ittisa tallaaltichaa-tis dadhabaa dhufa.
- Tallaalli BCG yeroo garii matuma isaattuu qoratni TB kan gogaa harkaa irratti geggeeffamu akka "positive" tahu gochuun isaa ni mala. Garuu, qoratni sun "positive" tahee argamuun isaa, jarmiiwwan TB kanneen nafa kee keessa jiran irraahi malee, tallaalaa BCG irraahii miti.

**Yoma tallaala BCG kan kanaan dura fudhatte tahes, qorata TB kan gogaa qamaa tiin ilaalamu fudhahu!**

MINNESOTA MDH DEPARTMENT OF HEALTH
Tuberculosis Prevention and Control Program
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-5414
1-877-676-5414
www.health.state.mn.us/tb